STAY SAFE MN

Talaalliiwwan COVID-19 fi Ulfa

Namoonni ulfa ta'an talaallii COVID-19 fudhachuu ni danda'u

- Namoonni ulfa ta'an namoota ulfa hinta'in caalaa balaa olaanaa dhibee COVID-19 hammaataadhaaf saaxilamoo akka ta'an ni beekna.
- Akkaataa talaalliiwwan COVID-19 qaama keessatti hojjetan irratti hundaa'uudhaan, qorattoonni fayyaa talaalliiwwan namoota ulfa irraan balaa ni geessisu jedhanii hinyaadan. Haa ta'u malee, talaalliiwwan COVID-19 namoota ulfa irratti balaa geessisuu dhiisuu isaanii irratti ragaa hedduu hinqabnu.
- Yoo ulfa taatan, talaallii COVID-19 fudhachuuf filachuu dandeessu.
- Talaallii fudhachuu ykn dhiisuu murteessuuf akka isin gargaaraniif dhiyeessaa kunuunsa fayyaa keessanii waliin dubbachuu barbaaduu maltu, garuu akka dirqamaatti isin irraa hin eegamu.

Namooti gaaf tokko dhala godhachuu barbaadan talaallii COVID-19 argachuu danda'u

- Yoo amma ulfaa'uuf yaalaa jiraattan ykn gara fuulduraatti ulfaa'uu barbaaddan, yeroo argattanitti talaallii COVID-19 fudhachuu ni dandeessu.
- Talaalliin COVID-19 guddina obbaatii dabalatee, ulfa irraan rakkoo ni ga'a jechuuf ragaa tokko iyyuu hinqabnu.
- Rakkooleen dhala argachuu dhabuu miidhaa cinaa talaallii COVID-19 isa kamiiyyuu ta'uu isaaniitiif ragaan hinjiru.

MINNESOTA

mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000 | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
Bifa biraan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)

4/29/2021